AMMA KANA DHAGA'AA



Barnoota 7ffaa Sadaasa 14, 2026













"Kun hundi akka fakkeenya ta'uuf isaan irratti raawwatame; nuu warra dhumni baraa itti dhufeef immoo akka of eeggannaa ta'uuf barreeffame" (1 Qoront. 10:11)





Raajonni Macaafa Qulqulluu sadarkaa sonaa olaanaa qabu, namoota gara Waaqayyoof bitamuutti qajeelchaniiru, waa'ee cubbuu akeekkachiisaniiru, jajjabinaa fi jabinas kennaniiruuf.

Warri isaan dhagahanii ergaa isaanii fudhatan baay'ee fayyadaman.

Kun fknf Aasaa (2Seen. 15:1-8); Yooshaafaax (2Seen. 20:14-23); ykn Amaasiyaa (2Seen. 25:7-10) irratti mul'ateera.

Carraa gadhee ta'ee garuu, sun Israa'el keessatti amaleeffannaa walii gala miti. Si'a baay'ee ergaan raajotaa tuffatameera. Har'as Waaqayyo karaa raajota Isaatii dubbachuu itti fufee jira.

Ergaa isaaniitiif akkamittan deebii kenna?



- Tuffatamuu ergamichaa
- Tuffatamuu ergichaa
  - Tuffii
  - Mata jabina
  - Of tuuluu
- Hojii qabatamaa

TUFFATAMUU ERGAMICHAA



"Israa'eloonni hundinuu Musee fi Aroonitti gunguman; […] Jarreen biyyattii keessa deemanii basaasan keessaa Iyyaasuun ilmi Nuunii fi Kaaleb ilmi Yefunee uffata ofii tarsaasanii: guutummaa yaa'ii Israa'elotaatiin akkana jedhan […] waldaan guutuun garuu dhagaan isaan tumuudhaaf mari'ate." (Lakk. 14:2-10)







Balbaloota biyya abdachiifame sanaatti, gaaddonni ergamanii turan. Gabaasni isaaniis kan jedhu, lafichi akkuma Waaqayyo jedhe gaarii dha (Lakk. 13:27). Garuu ergaan abdii kutachiisus itti dabalameera (Lakk. 13:28, 31). Achii Waaqayyo karaa Kaalebiin isaan jajjabeessee laficha dhaaluu akka danda'an itti hime (Lakk. 13:30).

Maree halkan tokkoo booda, ergamoota Waaqayyoo warra isaaniin geggeessaa ture tuffachuuf murtoo godhan (Lakk. 14:1-4). Iyyaasuu fi Kaaleb dubbii isaan jajjabeessu irra deebi'anii yeroo dubbata, dhagaadhaan isaan dha'uu barbaadan (Lakk. 14:6-10).

Isa boodas, ergamoonni biroon tuffatamaniiru (2Seen. 25:15-16; Amoos 7:10-13).

Sababni tuffatamuu isaanii maali? Ergaan Waaqayyo biraa isaaniif dhufe waan isaan eeganii wajjin gargar ture, ykn adeemsa cubbuu dhiisuu hin barbaanne.



TUFFATAMUU ERGICHAA



TUFFII

"Yommuu Yehuudiin kitaaba maramaa sana keessaa bo'oo sadii ykn afur dubbisutti, mootichi hamma kitaabni sun guutummaan guutuutti gubatee dhumutti haaduu barreessaatiin kukkutee girgiraa ibiddaatti darbachaa ture." (Ermiy. 36:23)

Yeroo mooticha Yehoyaakim keessa, sabni cubbuu hamaatti hirmaataa ture. Waaqayyo Ermiyaas maraa macaafa ergaa raajii mootichii fi gorsitootni isaa karaa isaanii isa hamaa irraa akeekkachiifamanii akka deebi'aniif barreessi jedhee abboome (Erm. 36:1-3).

Garuu Yehokaamim ergicha tuffatee, utuma namoonni dhiisi ittiin jedhanii, ibiddatti gadi darbate (Erm. 36:21-25).

Qooda isaa, raajii hadha'aatu Yohoyaakim irratti labsame, ergaan gubate sunis bal'atee irra deebiin akka barreeffamu godhame (Erm. 36:27-31).





Tarii, yoo Macaafa Qulqulluu dubbisuu dhiifne, waan barbaanne goonee nagaatti jiraachuu ni dandeenya jennee yaadna taa'a. Garuu akeekkachiisa Waaqaa yoo tuffanne, bu'aa cubbuu fi yakka keenya ni haammanna.



MATA JABINA

"Akkasumas Nebukadnezar Mooticha maqaa Waaqaatiin isa kakachiisee turetti illee ni fincile. Inni mataa jabaatee gara Waaqayyo Waaqa Israa'elitti deebi'uu ni dide." (2 Seenaa B. 36:13)



Mootii Yihudaa isa xumuraa kan ta'e, Zedeqiyaan, Baabilooniif bitamee akka bulu waadaa seenee ture ni diige. Ergaa akeekkachiisaa Waaqayyo irra deddeebi'ee karaa Ermiyaas kenneef irra deddeebi'ee tuffate (2 Seen. 36:12).



Yeroo Yerusaalem loltoota Baabilooniin marfamte, Zedeqiyaan Ermiyaasiin waamee ergaa Waaqayyoo natti himi jedhe (Erm. 38:14).



Ergichi ifaa ture: Baabiloonitti harka kennadhu, atis Yerusaalemis ni ooltu kan jedhu ture (Erm. 38:17-23). Zedeqiyaan garuu ergicha ni tuffate. Mata jabinni isaa badiisa Yerusaalem isa xumuraa fide (2 Seen. 36:13).

Yoo qalbii jijjiirratee amala isaa ni sirreessa ta'eef jedhee, Waaqayyo waggoota 11f ergaa abdii itti ergaa ture. Yeroo sanaaf fudhatee ture, garuu haara'umsa dhaabbataa ta'e hin finne (Erm. 34:8-11).

OF TUULUU

"Kanaafuu waan isaan isinitti himan hundumaa godhaa; eegaas. Garuu waan isaan hojjetan hin hojjetinaa; isaan ni dubbatu malee waan dubbatan sana hin hojjetaniitii." (Maat. 23:3)



Yesuus, maaliif Fariisota of tuultuu jedhee waamaa?

Sababni isaa, waan tokko lallabu waan biraa hojjetu (Maat.23:3)

Sababni isaa, warra kaan irra baa'aa ulfaataa kaa'u, ofii immoo baachuu hin barbaadan (Maat. 23:4)

Sababni isaa waan isaan hojjetan hundinuu nama biraatti mul'achuuf qofaa dha (Maat. 23:5)

Sababni isaa kabaja fudhachuu jaallatu, nama biraa immoo hin kabajan (Maat. 23:6-7, 11-12)

Sababni isaa, raajota ni jaju, ergaa isaaniif immoo abboomamuu hin barbaadan (Maat. 23:29-31)

Because they claimed to serve God, but they wanted to kill those who spoke to them on His behalf (Mt. 23:34)

Dubbiin Yesuus Fariisota of tuultuutti dubbate barreeffamee jira akka nuy fakkeenya isaanii duukaa hin buuneef, yaada ykn ilaalcha ergaa Waaqayyo nuuf kennu tuffachuutti nu geessu akka dhiifnuufi dha.

HOJII QABATAMAA



"Kun hundi akka fakkeenya ta'uuf isaan irratti raawwatame; nuu warra dhumni baraa itti dhufeef immoo akka of eeggannaa ta'uuf barreeffame." (1 Qoront. 10:11)

"Warri waan darbe yaadachuu hin dandeenye, dogoggora darbe irra deebi'u" (George Santayana).

Muuxannoo namni Waaqaa wajjin qabu-gaariis ta'u hamaa-xinneeffamee hin ilaalamu.

Waanti darbe yeroo baay'ee seensa fuulduraati. Waanti darbe si'a baay'ee, waan amma ta'uutti jiruu fi waan gara fuulduraatti ta'uuf haala mijeessa.

Akeekkachiisa Macaafni Qulqulluun kennuu fi ergaa Waaqayyo karaa raajota Isaatii kennuuf xiyyeeffannoo laannaan, dogoggora darbe irra deebi'uuhdhaan hin komatamnu (1 Qor. 10:11).



"Isin ni jabaattuutii Waaqayyo Waaqa keessan amanadhaa; raajota Isaa illee amanaa isin ni milkooftuutii"

(2 Seen. 20:20)



“Hafuurri ifata faallessu, inni Ermiyaasiin ari’annaa fi hidhaatti galche, har’as jira. Baay’onni irra deddeebiidhaan akeekkachiisa fudhachuu didu, barsiisota sobaa warra oftuulummaa isaanii aguuganii fi hojii isaanii isa hamaa xinneessanii ilaalan filatu. Guyyaa rakkinaatti, warri akkasii iddoo baqaa hin qabaatan, gargaarsas samii irraa hin argatan. Hojjetootni Waaqaa warri filaman jajjabinaa fi obsaan wal’aansoo fi dhiphina karaa ceephoo, tuffii fi akka malee isaan dhiheessuutiin itti dhufu dura dhaabachuu qabu. Amanamummaadhaan, hojii Waaqayyo akka hojjetaniif isaanitti kenne raawwachuu qabu, raajonni durii fi Fayyisaan sanyii namaa akkasumas ergamoonni Isaa miidhama garmalee fi ari’annaa Sagalee Waaqaaf jecha irra ga’e baachaa akka turan yaadachaa hojjechuu qabu.”

EGW (Prophets and Kings, p. 438)

DABALATA: MUL'ATA ELLEN G. WHITE



Mul'anni Ellen G. White saba duratti argite taatee adda addaan kan tumsame ture: hafuura hin baafattu, iji ishee qaratti goga, waan naannoo isheetti ta'u tasuma hin beektu; ...



Yooma namoonni beekaa ofiin of wallaalti ittiin jedhan illee, garuu yeroo mul'ata arguu keessa seentu ykn keessaa baatu, isheen of hin beektu.



Yeroo Ellen mul'ata keessa seentu, James White namoota waamee agarsiisuudhaan, warri ergaan ishee Waaqa biraa miti jedhanis warri ergaa isheetti amananis akka argan godha ture.

Warri beekaa of wallaalti jedhanii ishee ceephaa'an, akka isheen hafuura hin baafanne yeroo argan baay'ee dinqifatu turan, sodaadhaanis bakka isheen mul'ata argituu baqatanii sokku turan.